Namoonni himannaa isaaniitiin osoo kennameefii silaa namoonni (lafaa ka'anii) qabeenyaa fi dhiiga nama biroo irratti himannaa banu ture. garuu ragaa dhiheessuun nama himata bane irratti ta'e, kakaan immoo nama morme irratti ta'e

Ibnu Abbaas irraa akka odeffametti -Rabbi isaan lameenuu irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namoonni himannaa isaaniitiin osoo kennameefii silaa namoonni (lafaa ka'anii) qabeenyaa fi dhiiga nama biroo irratti himannaa banu ture. garuu ragaa dhiheessuun nama himata bane irratti ta'e, kakaan immoo nama morme irratti ta'e».

[sirrii] [رواه البيهقي]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoonni ragaa fi akeektuu tokko malee himannuma isaanii qofaan osoo isaaniif kennamee silaa namoonni qabeenyaa fi dhiiga wolii irratti keenya jedhanii himata akka bananu himani, garuu nama himannaa bane irratti waan gaafatu irratti ragaa dhiheeffachuun dirqama, yoo ragaa hin qabaanne immoo himanni nama himanni irratti banameef dhiheeffama, yoo kan isa mormu ta'e kakaatu isa irra jira isaan qulqullaa'as.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/4722